# Muslimni kamuu haala wuduu'a isaa bareeffateen wuduu'a godhatee, eegasii dhaabbatee haala qalbii isaatii fi fuula isaatiin itti deebi'een rak'aa lama salaannaan jannanni isaaf dirqama taatu malee hin haftu

Uqbaa ibnu Aamir irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: dabaree gaala tiksuutu nu gidduutti ture, dabareen koo dhufnaan galgala gara mooraa isiitti yeroon deebise, ergamaa Rabbiitii dhaabbatanii namoota haasofsiisanii isaan qaqqabe, jecha isaanii irraa akkana jechuun qaqqabe: «Muslimni kamuu haala wuduu'a isaa bareeffateen wuduu'a godhatee, eegasii dhaabbatee haala qalbii isaatii fi fuula isaatiin itti deebi'een rak'aa lama salaannaan jannanni isaaf dirqama taatu malee hin haftu» uqbaanis: maalumaatu isii tana bareechen jedhe, yeruma kana dubbataan wohii ana fuulduratti akkas jedhe: tan isii duraatu irra bareedduudha, eegasii yeroon ilaalu umaris: ani amma reefuu dhufuu kee si argeen jira jechuun akkas jedhe: «Tokkon keessan haala isa guuteen yookaan geessiseen wuduu'a godhatee, eegasii, Ash-hadu Anlaa ilaaha illallaah wa Anna Muhammadan Abdullaahi wa Rasuuluuhuu jedheera taanaan balballi jannataa saddeettan isaaf banamtee isii keessaa karaa fedheen seenu malee hin hafu».
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sadarkaa gurguddoo lama namootaf ibsan: Inni jalqabaa: namni wuduu'a geessisee, guuttatee akka karaa godhametti, qaama hundaa haqa isaa guutuun wuduu'a godhatee, eegasii immoo Ash-hadu An laa ilaaha illallaahu, wa anna Muhammadan Abdullaahi warasuuluhuu jedhe; balballi jannataa saddeettan isaaf banamee isii keessaa balbala fedheen seenu malee hin hafuudha. Inni lammaffaan: namni wuduu'a guutuu godhatee, eegasii booda wuduu'a kanaatii rak'aa lama haala qalbii isaatiin ikhlaasaa fi khushuu'aan itti gara galeen, fuula isaatii fi qaama isaa hundaan Rabbiif gadi of qabee salaannaan jannanni isaaf dirqama taatu malee hin hafuudha.

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY

لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee